# Anoka-Hennepin
## Kitaaba Barnoota Addaa

MANNEEN BARNOOTA
ANOKA-HENNEPIN
*Fuuldurri daangaa hin qabne*

# Baafata


**Barnoonni Addaa Maali** ..........................................3

**Hanqinawwaanqaamaa**.......................................3 - 4

**Seensa Barnoota Addaa** .....................................5 -6

**Adeemsa Barnoota Addaa** .......................................7

**Qaamolee sagantaa barnoota dhuunfaa (IEP)** ........8

**Fuula Garee IEP**.................................................. 8 - 9

Kabajamoo Maatii/Guddistuu,

Mucaan keessan akka baratu gargaaruuf tarkaanfii guddaa fudhachuu keessaniif baga gammaddan.

Mucaan hundi karaa mataa isaatiin barata. Gargaarsa gaafachuun ulfaataa ta'uu danda'a, garuu immo gaafachu danda'uun mataasatti waan jajjabefamudha. Mucaan keessanis mana barumsaa keessatti akka milkaa’u ni gargaara.

Mucaan hundi barnoota addaa sadarkaa adda addaarra akka jalqabu ni beekna. Mucaan keessan mana barumsaa duraa yookaan sadarkaa lammaffaa keessa jiraatus, qajeelfamni kun hojjettoota haaraa fi jechoota barnoota addaa keessatti argaman hubachuuf akka isin gargaaru abdii qabna.

Kitaaba qajeelfama kana isiniif dhiheessineerra.

Imala kana keessatti mucaa keessaniif akka dhaabbattan isin jajjabeessina. Waan daa’ima keessan gargaaruu fi maaltu fooyya’uu akka danda’u barsiisotatti himadhaa. Cimina daa’ima keessanii fi dadhabina isaa ni beektu. **Isin qaama garee barnoota addaa mucaa keessaniti, sagalee fi yaadni keessanis iddoo guddaa qaba.**

Dubbachuu fi gaaffii gaafachuu hin sodaatinaa.

Yeroon rakkisaan jirachuu nii danda'aa garuu waan guddaa hojjechaa jirtu. ***Dhugaadhumatti. Waan guddaa hojjechaa jirtu.***

Hundi keenya kana keessa waliin jirra,

*Koree Gorsaa Barnoota Addaa ykn Special Education Advisory Committee (SEAC)*

Koreen Gorsaa Barnoota Addaa (SEAC) walta’iinsa kutaa mana barumsichaa fi maatii/guddistoota barattoota Anoka-Hennepin qaama midhamo ta’anidha. Gareen kun sagantaa barnootaa waggaa tokko kessatti yeroo afur kan walga’u yoo ta’u, miidhamtoota qaamaa adda addaa kan of keessatti hammatudha. Akkasumas sagantaa barnoota addaa qulqullina olaanaa qabuu kan jajjabessudha. Waa'ee garee kanaa https://www.ahschools.us/domain/173 irratti caalaatti baruu dandeessu.

**Walgahiin keenya yeroo barbaaddanitti isiniif banaadha**

## Yaadannoo Muraasa Maatii SEAC Irraa:

"Ani waggoota hedduudhaaf bakka bu'aa Koree Gorsaa Barnoota Addaa SEAC ta'ee kan ture yoo ta'u, ijoollee keenya fedhii addaa qabaniif tajaajila daree, deeggarsa fi bakka jireenyaa fooyyessuuf gargaaruuf yaadni qoodnu fi sagaleen keenya dhaga’amuu isaa diinqisiifadheera. Yaadaafi beekumsa maatii biroo kanneen koree gorsaa SEAC keessa jiran irraa baradheef iddoo guddaan qaba akkasumas barnoota ijoollee keenyaaf kan dubbataa jiru nu qofa akka hin taane beekuun keenya gaariidha. Akkasumas hojjettoonni barnoota addaa Anoka-Hennepin irraa dhufan ijoollee keenyaaf haala barumsaa fi hammatamuun isa gaarii ta’e kennuudhaaf waggaa waggaan waan hojiirra oolchan beekuun koo gatii guddaa qaba. Daa’imman barnoota addaa barbaadaniif gargaarsa barbachisaa ta’e gochuuf namoota tattaafatanii fi waan kana hubatan wajjiin hojjechuuf Koreen Gorsaa Barnoota Addaa (SEAC) akka taatan bay’een isin jajjabessa.” - Siindii, Maatii Barnoota Addaa

"Mucaan koo kutaa 1ffaatti Anoka-Hennepin kessatti mana barumsaa jalqabe. Manni barumsichaa akka isheen milkooftuuf tajaajila fi gargaarsa barbaachisu kennuu isaa ajaa’ibsifadheera. Intalli koo dhuma kutaa 2ffaa irratti Sagantaa Barnoota Dhuunfaa (IEP) jalqabde, amma kutaa 8ffaa taateetti. Bara 2019 Koree Gorsaa Barnoota Addaatti (SEAC) makame. Sirni barnootichaa fi wantoota koree kana keessatti galmaan geenyeef galata guddaan qaba. Maatii biroo wajjin wal baruu akkasumas sirni barnootichaa barattoota hunda sadarkaa jirani irratti hunda’ee kaayyoo isaani galman ga’uuf akkaataan tokko tokkon isaani ittiin gargaaru hubachuu keenyatti gammadneerra." - Saaraa, Maatii Barnoota Addaa

"Ijoolleen koo bara 2013 irraa eegalee Manneen Barnootaa Anoka-Hennepin keessatti kan baratan yoo ta’u, hoggansi mana barumsichaa milkaa’ina isaaniif dhuguma akka dhimmamu yeroo hunda natti dhaga’ama ture. Ijoolleen dhiiraa koo quxisuuwwan Sagantaa Barnoota Dhuunfaa (IEP) waan qabaniif, bara 2019tti Koree Gorsaa Barnoota Addaatti (SEAC) makame. Gareen maatii barattotaa fi hojjettoota mana barumsichaa meeshaalee barattoonni barnootaafi hawaasummaan akka guddatan gargaaran uumuuf waliin hojjechuu isaanii dinqisifadheera. Maatii biroo wajjin wal baruun, hiriyoota horachuun, murtoo ijoolleen hundi akka milkaa'an gargaaruu irratti hojjechuun baay'ee na gammachiiseera." -Amanda, Maatii Barnoota Addaa

# Barnoonni addaa maali?

Akka Seera Barnoota Qaama Miidhamtootaa (IDEA) keessatti ibsametti, barnoota adda jechuun:

> *"Qajeelfama addatti qophaa'e, maatiif baasii tokko malee, fedhii addaa daa'ima qaama miidhamaa guutuu. Daa'imman barnoota addaa fi tajaajila kanaan walqabatu argatan barnoota mootummaa bilisaa fi sirrii ta'e (FAPE) argachuuf mirga qabu. Kunis carraa kaarikulamii waliigalaa mana barumsichaa keessati hirmaachuu fi galma waggaa fiixaan ga'uu dabalata. Ijoolleen barnoota addaa argatanis gochaalee mana barumsaa idilee biroo irratti hirmaachuu fedhii dhuunfaa isaanii wajjin kan walsimu ta'ee carraa qabaachuu qabu."*

Minnesota keessatti manneen barnootaa daa'imman ulaagaa guutan dhaloota irraa kaasee hanga waggaa 21tti, ykn mana barumsaa sadarkaa lammaffaa irraa eebbifaman, wal dura dubaan tajaajiluu qabu. Tajaajilli kan kennamu hojjettoota hayyama qabaniin yoo ta'u, barsiisa addaa, meeshaalee, fi tooftaalee adda addaa kan hammatudha.

**Kutaan barnootaa Minnesota manneen Barnootaa Anoka-Hennepin barattoota fedhii barnoota addaa qabaniif tajaajila barbaachisaa ta'e qaama miidhamummaa armaan gadiitti caqafamaniif akka kennu ni ibsa.**

- **Dhibee Otizimii Ispeektarmii (ASD):** Tuuta jeequmsa amalaa ta'ee, guddina umurii wajjin wal hin arginee fi hanqina walqunnamtii hawaasummaa ykn rakko namaa wajiin wali galuu, amala irra deddebi'anii mulatan qabaachu kan of kessatti hammatu ta'e ijollumma irrra kan eegaludha.
- **Jaama- Arguu Kan Hin dandeenye (BVI):** Hanqina ijaa ogessa yaalaatiin mirkanaa'ee fi hanqinni kuni immo ijaan ilaalani odeeffannoo sassabuu ykn nannoo ofii dawwachuu dadhabuu irraa kan ka'e hanga barsisaa barnootaa adda barbachisutti yoo ga'e fi tajaajilli isaan wal qabatan barbaachisoo yoo ta'an.
- **Duudaa-Jaamaa (DB):** Hanqina dhageettii fi arguu kan hammatu yoo ta'u, wantoonni kunneen gaafa walitti ida'aman gargaarsa namoota wajjin waliigaaluu, gargaarsa guddinaa fi gargaarsa barumsa addaa barbaachisaa akka ta'u dirqisiisu.
- **Dhabuumsa Dhageetii (DHH):** Dandeettiin dhaga'uu gadi bu'e, ykn hanqina dhageettii, kan safartuuwwan dhageettii waliigalaa fayyadamuun ibsamu.
- **Hir'ina Guddinaa Hubannoo (DCD):** Dandeettiin sammuu giddu galeessaa gadi ta'e, yeroo baay'ee rakkoo amala baruu wajjin kan walqabatuufi, salphaa-giddu galeessa ykn cimaa-bay'e cimaa jedhamee ramadama.
- **Guddina Harkifate (Barnoota Addaa Daa'imman Jalqabaa, Dhaloota hanga waggaa 7 qofa):** Harkifannaa ykn rakkoo akkaataa daa'imni itti guddatu ykn itti baratu, dhimmoota miira isaa, qaama isaa, yaada isaa, miira isaanii ykn haalawwan biroo guddina idilee isaanii gufachiisan irraa kan ka'e.
- **Rakkoo Miiraa/Amalaa (EBD):** Akkaataa amala waliigalaa amala armaan gadii keessaa tokkoon yookiin isaa ol ta'een ibsamu:
  - Gochoota aggaammii olaanaa qaban
  - Gocha to'annaa hin qabne
  - Amaloota akka malee namarra fagaachuu
  - Amala yaaddoo
  - Walumaagalatti baay'inaan gammachuu dhabuu
  - Qalbii Gad-cabina
  - Jijjiirama miiraa cimaa
  - Yaada baay'ee jeeqame, amala adda biroo qabaachuu, jijiirama akkaataa haasaa ykn jeequmsa hariiroo namoota biroo wajjin qabuun mirkaneeffamu.

- **Hir'ina Fayyaa Biroo (OHD):** Haalota fayyaa yeroo dheeraa fi kanneen kanaan walqabatan bal'aa ta'an kanneen haalaa barnootaa irratti hanga barnooti addaa fi tajaajilli kanaan walqabatu barbaachisuu danda'utti dhiibbaa hamaa geessisanidha.

- **Hanqina Qaamaa (PI):** Hanqina qaamaa yeroo dheeraa kan ogessa fayyaatiin beekame, kan dhalootaan dhufus ta'e kan dhalotaa bodde argame, kan hojii qaamaa ykn barnootaa irratti dhiibbaa hamaa geessisu.

- **Hanqina Dachaa Cimaa Ta'e (SMI):** barattoota sababa miidhama qaamaa lamaa fi isaa ol ta'een dhibbaa barumsaa fi guddinaa guddaa qaban.

- **Hir'ina Barnootaa Addaa (SLD):** Haala dandeettii sammuu waliigalaa fi ga'umsa barnootaa gidduutti garaagarummaa guddaan dameewwan armaan gadii keessaa tokko yookiin isaa ol irratti yeroo mul'atudha:
  - afaaniin ibsamuu
  - hubannoo dhaggeeffachuu
  - shallaggii herregaa
  - shallaga herregaa
  - dandeettii dubbisuu bu'uuraa
  - hubannoo dubbisaa
  - barreffamaan ibsu

- **Hanqina Dubbii/Afaanii (Speech/Language Impairment ykn SLI):** Rakkoo waligaluu ta'ee, jechoota,sagale ykn afaan sirri ta'e fayyadamanii dubachuu dadhabudha.

- **Balaa Midhama Sammuu (TBI):** Miidhaa sammuu irratti humna ykn balaa qaama alaatiin dhufu, kan bu'aan isaa guutummaatti ykn gartokkoon hir'ina hojii sammuu ykn hanqina qaamaa, rakkoo hawaasumma ykn lamaan isaanii kan fiduu danda'uu fi, barnootaa daa'imaa irratti dhiibbaa hamaa geessisudha.

# Tajaajiloonni Walqabatan, Kallatti fi Al-Kallattiin Maal Fa'a?

## Tajaajilli Barnoota Addaa Akkamitti Kennama?

Tajaajilloonni kallatti kallattidhaan barattootaaf ogeessa irraa kennama. Tajaajilli al-kallatti ogeessa irraa karaa barsiisaa, maatii, ykn namoota biroo kallattiin barattoota waliin hojjetaniitiin kennama. Tajaajilli al-kallatti gorsuu, garee IEP waliin gamaaggama adeemsa hojii, ilaalchaa fi tooftaalee barataan akka gaariitti akka hojjetu gargaaran irratti mari'achuu kan dabalatu ta'uu danda'a.

Galmi isaa barattoonni manneen barnootaa naannoo isaaniitti akka baratan ta'us, kun yeroo hunda fedhii dhuunfaa isaanii guutuu dhiisuu danda'a. Barattoonni sagantaa fedhii addaa isaanii guutuu danda'u keessatti kaa'amuu danda'u. Sagantaawwan kun barnoota waliigalaa cinatti hojjechuu kan danda'an yoo ta'u, galmi isaa barattoota haala idilee keessatti caalaatti walitti makuu qaba. Barattoota fedhii guddaa qabaniif, manni barumsaa idilee gahaa ta'uu dhiisuu danda'a, akkasumas tajaajila bakka River Trail Learning Center jedhamutti barnoota addaa adda ta'e argachuu danda'u.

## Tajaajiloonni Walqabatan maali?

Tajaajiloonni walqabatan tajaajila deeggarsaa ykn sochiiwwan barattoota qaama miidhamtoota tokko tokkoof bu'aa barnootaa isaanii guddisuuf barbaachisanidha. Gareen IEP galmootaa fi kaayyoo IEP barattootaa deeggaruuf tajaajilli walqabate kennamu sun barbaachisaa ta'uu isaa ni murteessa. Tajaajiloonni walqabatan kun kallattiinis ykn al-kallattiin ta'uu danda'u. Tajaajiloonni walqabatan kanneen akka:

- wal'aansa hojii (occupational therapy).
- wal'aansa qaamaa
- tajaajila xiinsammuu
- tajaajila fayyaa mana barumsaa
- tajaajila narsii mana barumsaa
- tajaajila paatolojii dubbii-afaanii
- tajajila geejjibaa
- tajajila hubannoo iddoo fi sochii
- barnoota qaamaa guddinaa madaqsuu

Tajaajiloonni walqabatan tokko tokko akka tajaajila of danda'etti kennamuu ni danda'u. Deeggarsa tajaajiloota walqabatan tokko tokko argachuuf, barataan sun tajaajila barnoota addaa argachuuf dubbii afaanitiin alatti qaama miidhamummaa sadarkaa tokkoffaa ta'ee ulaagaa guutuu qaba.

# Seensa Barnoota Addaa

| | |
|---|---|
| **ADA** | Seera Qaama Miidhamtoota Ameerikaa (American Disabilities Act) |
| **ASD** | Dhibee Ispeektarmii Ootizimii (Autism Spectrum Disorder) |
| **ASL** | Afaan Mallattoo Ameerikaa (American Sign Language) |
| **AT** | Teeknooloojii Gargaarsaa (Assistive Technology) |
| **BIP** | Karoora Deeggarsa amalaa (Behavioral Intervention Plan) |
| **BIS** | Ogeessa Deeggarsa amalaa (Behavior Intervention Specialist) |
| **BVI** | Jaama- Rakkoo Arguu Kan Qabu (Blind-Visually Impaired) |
| **CM** | Hogganaa Dhimmaa (Case Manager) |
| **CST** | Garee Qo'annoo Daa'immanii (Child Study Team) |
| **DAPE** | Fedhii addaatiif barnoota jabeenya qaamaa fooyya'e (Developmental Adapted Physical Education) |
| **DB** | Arguu fi Dhaga'uu Kan hin dandeenye (Deaf-Blind) |
| **DCD-MM** | Hir'ina Guddina Hubannoo Salphaa hanga Giddugaleessaa (Developmental Cognitive Disability Mild to Moderate) |
| **DCD-SP** | Hir'ina Guddina Hubannoo Harkifachuu guddinaa hammaata/Cimaa (Developmental Cognitive Disability Severe/Profound) |
| **DD** | Harkifachuu Guddinaa (Developmental Delay) |
| **DDH** | Dhabuumsa Dhageetii fi Dahaga'uuf Rakkachuu (Deaf and Hard of Hearing) |
| **EBD** | Rakkoo Miiraa ykn Amalaa (Emotional or Behavioral Disorders) |
| **ECSE** | Barnoota Addaa Daa'imman Jalqabaa (Early Childhood Special Ed) |
| **EIP** | Sagantaa Gargaarsa Hatattamaa (Early Intervention Program) |
| **EL** | Barataa Afaan Ingilizii (English Learner) |
| **ESY** | Bara Barnootaa Dheeraa (Extended School Year) |
| **FAPE** | Barnoota Qulqullina Qabu Bilisaa (Free Appropriate Public Ed.) |
| **FBA** | Madaallii Amala Hojii (Functional Behavioral Assessment) |
| **HAALA FEDERALAA** | Yeroo barattoonni Barnoota Addaa keessatti dabarsan<br>I = 0-21%<br>II = 21-60%<br>III = 60% isaan ol<br>IV = Bakka barnoota addaa kophaatti qopaa'e<br>V = hospitaala, wal'aansa guyyaa ykn dhaabbata |

Tarreffama Gabajee Barnoota Addaa Minnesota keessatti fayyadamnu guutuu argachuuf: https://education.mn.gov/mde/dse/sped/D49966 daawwadhaa

# Seensa Barnoota Addaa

| | |
|---|---|
| **IDEA** | Labsii Barnoota Qaama Miidhamtootaa (Individuals with Disabilities Education Act) |
| **IEP** | Karoora/Sagantaa Barnootaa Dhuunfaa (Individualized Educational Plan/Program) |
| **IHP** | Karoora Fayyaa Dhuunfaa (Individual Health Plan) |
| **IFSP** | Individualized Family Service Plan |
| **LAUNCH** | Barattoota Gargaarsa Ootizimii fi Rakkoo Addaa Qaban (Learners with Autism Needs and Unique Challenges) |
| **LEA** | Ejensii Barnootaa Naannoo (Local Education Agency) |
| **LEP** | Dandeetti Ingiliffaa Daangeffame (Limited English Proficiency) |
| **LRE** | Haala Dangeffama Xiqqaa Qabu (Least Restrictive Environment) |
| **OT** | Ogeessa Wal'aansa Hojii (Occupational Therapy) |
| **PCA** | Gargaaraa Kunuunsa Dhuunfaa (Personal Care Assistant) |
| **PI** | Hanqina Qaamaa Kan Qabu (Physically Impaired) |
| **PLAAFP** | Sadarkaa Gahumsa Barnootaa fi Raawwii Hojii Ammataa (Present Levels of Academic Achievement and Functional Performance) |
| **PT** | Wal'aansa Qaamaa (Physical Therapy) |
| **SEAC** | Special Education Advisory Council (Mana Maree Gorsaa Barnoota Addaa) |
| **SLD** | Hir'ina Barnootaa Addaa (Specific Learning Disability) |
| **SLP** | Ogeessa Paatoloojii Dubbii Afaanii (Speech Language Pathologist) |
| **SMI** | Hanqina Dachaa Cimaa Ta'e (Severely Multiply Impaired) |
| **TBI** | Balaa Midhaama Sammuu (Traumatic Brain Injury) |
| **TSES** | Sirna Barnoota Addaa Waliigalaa (Total Special Education System) |

**Tarreffama Gabajee Barnoota Addaa Minnesota keessatti fayyadamnu guutuu argachuuf: https://education.mn.gov/mde/dse/sped/049966 daawwadhaa**

# Adeemsa Barnoota Addaa Anoka-Hennepin

Maatiidhaaf furmaata gaarii ta'e argamsisuuf, adeemsi barnoota addaa keessa seenuu fi bahuu qaama hundaaf ifa ta'u qaba.

**1 GARGAARSI BARBAACHISA**

Gareen maatii fi ogeessotaa waliin ta'uun furmaata daree barnootaa irratti hunda'e ni qopheessu. Barsiisonni ykn maatiin barataan isaanii daree keessatti barachuuf rakkachuu isaa ni hubatu

**2 DABARSUU**

Gareen kun bu'aa furmaata daree barnootaa irratti hunda'e qophaa'e sana ni gamaaggama. Yoo fooya'iinsa hin agarsiifne madaallii barnoota addaatiif referii (dabarsuun) godhama.

**3 GAMAAGGAMA**

Madaalliin kun dandeettii barataan nannoo yaaddoo hundaa irratti qabu kan hammatudha. Saamuda hojii, qormaata, daree keessati ilaaluu, akkasumas af-gaaffii maatii fi barsiisaa of keessatti hamachuu danda'a.

**4 ULAAGAA GUTUU**

Gareen kun walgahee odeeffannoo yeroo madaalliitti walitti qabame gamaaggamuun barataan barnoota addaa argachuuf ulaagaa guutuu qabaachuu fi barnoota addaa barbaaduu isaa ni murteessa.

**5 IEP** (INDIVIDUALIZED EDUCATION PLAN)

Erga ulaagaa guutani guyyoota 30 keessatti Karoorri/Sagantaan Barnoota Dhuunfaa (IEP) ni barreeffama. Karoorri kun galmoota/kaayyoowwan akka yaadaatti kan dhiyeessu yoo ta'u, deeggarsa dabalataa barataan akka milkaa'uuf barbaachisu kamiyyuu ni ibsa. Haala barataaf daangeffame xiqqaa ta'ee (LRE) fi deeggarsa isaan barbaachisu ni ibsa.

**6 TAJAAJILOOTA**

Barattonni tajaajila isaanii akka sagantaa barnoota dhunfaa (IEP) isaanii keessatti ibsametti ni argatu.

Fooya'iinsi isaanii dhiyeenyaan kan hordofamu yoo ta'u, waggaatti yeroo hedduu maatii/guddistootaaf ni gabaafama.

**7 KEESSA DEEBI**

Sagantaan barnoota dhuunfaa ykn IEPn yoo xiqqaate waggaatti al tokko gareen ilaalamuu fi haaromfamuu qaba. Barataan yoo xiqqaate waggaa 3 keessatti al tokko irra deebi'amee madaalamuu qaba.

**8 BARNOOTA ADDAA GAMMACHIISAA**

Barattoonni galma isaanii guutanii fi kana booda barnoota addaa kan hin barbaanne madaalamanii tajaajila barnoota addaa keessaa ni bahu.

Seerrii Barnoota Qaama Miidhamtootaa (IDEA) seera federaalaa yoo ta'u, akkaataa naannoleen fi manneen hojii mootummaa dafanii gidduu seenuun, barnoota addaa, fi tajaajiloota kanaan walqabatan akka kennan qajeelfama fi dambii kan kennu dha. Kutaan Barnootaa Minnesota (MDE) qajeelfama fi dambii dabalataa ni kenna.

© 2015 THE HELLO FOUNDATION, www.thehellofoundation.com

# Qaamolee Sagantaa Barnoota Dhuunfaa

### Afeerraa Sirnaa

Gareen mana barumsichaa guyyaa fi sa'aatii isiini mijatu erga gaafate booda walgahiidhaaf waraqaa waamicha sirnaa erga.

### Walgahii Garee fi Waraqaa Galmee

Walgahii kana irratti kan argamu hundi of beeksisee galmaa'a.

### Eeyyama Miseensa Garee

Miseensi garee tokko sababa kamiinuu walgahii irratti argamu yoo hin dandeenye, eyyaama miseensa garee sanaaf kennuuf waraqaa galmee irratti akka mallattessu nii gaafatu. Kunis walgahiichi nama sanaan ala akka raawwatamuuf hayyama kenna.

### Sadarkaa Ga'umsa Barnootaa fi Raawwii Hojii Ammaataa

Gareen kun waa'ee cimina, hanqina barattootaa fi naannoowwan rakkoo qaban irratti maatii ni gaafata.

### Karoora Waggaa

Miseensonni garee kanaa galmootaa fi kaayyoowwan waggaa kanaaf yaadan irratti ni mari'atu. Wantoonni kun yaadaa maatii irraa fudhachuun kan hojjetamanidha.

### Deeggarsa fi Sirreeffama

Gareen kun waa'ee sirreeffama ykn jijjiirama daree idilee keessatti barbaachisaa ta'uu danda'u kamiyyuu ni maria'ata.

### Bara Barnootaa Dheeraa (ESY)

Gareen kun tajaajila bara barnootaa dheeressun barbaachisaa ta'uu isaa ni mari'ata.

### Sagantaalee fi Tajaajila

Gareen kun tajaajiloota adda addaa ilaaluun guddina barataadhaaf haala mijataa fi daangeffame xiqqaa (LRE) ta'e adda baasuuf ni hojjeta.

### Madaalliiwwan

Barataan madaallii daree barnootaa, aanaa, fi/ykn naannoo kamiyyuu irratti yoo hirmaate, wantoonni kunneen deggarsa isaaf godhamu qabu waliin mariin irratti taasifama.

### Karoora Deeggarsa Amalaa(BIP)

Amalli baraataa sanaa barumsa isaa irratti dhiibbaa yoo uume, Karoorri Deeggarsa amalaa ykn BIPn nii mari'atama.

### Kutaa Ce'umsaa IEP

Karoorri ce'umsaa IEP keessatti argamu barataan kutaa 9ffaa duraa fi osoo achi kessa jiruu ni mari'atama.

Sagantaan Barnoota dhuunfaa (IEPn) tattaafii gareedhaan kan uummamedha. Gaaffii fi yaada qabdan hunda dhageessisaa. Karoorri kun waggaa tokkoof kan turu yoo ta'u, gareen kun waggaa waggaan walga'a. Adeemsa galma irratti odeeffannoon haaraan yoo jiraate sagantaan isaa (yeroo baay'ee ji'a afur ykn jii'a sadi keessatti) gara manaatti dursee ni ergama. Gareen waggaa waggaan walga'uu isaan dura jijjiiramni godhamuu yoo barbaachise, maatiin jijjiirama barbaachisaa ta'e irratti irratti mari'achuuf walgahii IEP gaafachuu ni danda'u.




# Namoonni kun hundi eenyufa’i?
# Hundi isaanii maalif as jiru?
# Hundi isaanii maal hojjetu?

**Walgahii IEP irratti, kanneen armaan gadii argamu qabu:**

1. **Maatii ykn guddiftoota seeraa**
2. **Barsiisaa barnoota idilee**
3. **Barsiisaa barnoota addaa**
4. **Bakka bu’aa aanaa**
5. **Nama madaalliiwwan hiikuu danda’u**
6. **Baratаa yeroo barbaachisaa ta’etti**

**Namoonni bakka walga’iitti argaman tokko tokko gahee tokkoo ol kan qaban si’a ta’u, walga’iin keessan namoota sadii qofa qabaachuu danda’a. Osoo hin deemin dura kana beekuu keessan mirkaneessa!**

**Manneen Barnootaa Anoka-Hennepin keessatti barattoonni kutaa 9 irraa eegalee walga’iitti ni affeeramu.**

## BARSISAA BARNOOTA IDILEE

Kun nama garee kessan keessaa guyyaa guyyaan daa'ima keessan daree keessatti barsiisuuf itti gaafatamummaa qabuudha. Kunis daa'imni keessan hiriyoota isaa waliin akka hirmaatu hojii daree isaa akka mijatuuf sirressu dabalata.

Maqaan Barsiisaa Daree kee: ______________________.

Kana irratti isaan argachuu dandeessu: ______________________.

## BARSISAA BARNOOTA ADDAA

Kun nama garee keessan keessaa fedhii barumsaa dhuunfaa daa'ima keessanii tajaajiluuf itti gaafatamummaa qabuudha. Kunis mala barnootaa addaatiin herrega, dubbisuu, barreessuu fi ogummaa hawaasummaa irratti hojjechuu dabalachu danda'a.

Maqaan Barsiisaa Barnoota Addaa kee: ______________________.

Kana irratti isaan argachuu dandeessu: ______________________.

## OGEESSA PAATOLOOJII DUBBII AFAANII (SLP)

Kun nama garee keessan keessaa akkata waligaltee daa'ima keessanii gargaaruuf itti gaafatamummaa qabuudha. Kunis akkaataa mucaan keessan afaan itti dubbatu ykn itti hubatuu fi itti fayyadamu irratti hojjechuu dabalachu danda'a.

Maqaan SLP kee: ______________________.

Kana irratti isaan argachuu dandeessu: ______________________.

## OGEESSA SAAYIKOLOOJII MANNI BARUMSAA

Kun nama garee keessan keessaa fayyaa sammuu, barumsaa fi amala madaaluuf itti gaafatamummaa qabuudha; keessumaa immoo yeroo madaalliitti. Kunis qormaata hubannoo ykn ga'umsaa kennuu, iskeelii madaallii maatii fi barsiisaatiif qabxii kennuu fi hiikaa isaa himu, ykn af-gaaffii gaggeessuu kan dabalatudha.

Maqaan Ogeessa Sayikoloojii kee: ______________________.

kana irratti isaan argachuu dandesssu: ______________________.

## OGESSASA FAYYAA HOJII (OT)

OT jechuun nama garee keessan keessaa nama sochii qaamaa gaarii, jireenya guyyaa guyyaa fi fedhii miiraa daa'ima keessanii tajaajiluuf itti gaafatamummaa qabudha.

Kunis wantoota akka barreeffama harkaa, qulfii uffataa cufuu, ykn of-to'achuu irratti hojjechuu dabalachuu danda'a.

Maqaan Wal'aanaa hojii (OT) kee: ______________________.

kana irratti isaan argachuu dandesssu: ______________________.

## OGEESSA FAYYAA QAAMAA

Kun nama garee keessan keessaa fedhii sochii waliigalaa daa'ima keessanii tajaajiluuf itti gaafatamummaa qabuudha.

Kunis sochii qaamaa barsiisuu fi dhaabbachuu, deemuu ykn hojiiwwan qaamaa biroo irratti hojjechuu kan dabalatudha.

Maqaan ogeessaa fayyaa qaamaa keessanii: ______________________.

kana irratti isaan argachuu dandesssu: ______________________.

## BAKKA BU'AA AANAA

Namni kun dandeettii fi daangaa kutaa mana barumsichaa beeksisuuf itti gaafatamummaa qaba.

Kunis waa'ee tajaajila barnoota addaa, halaa , fi beekumsa qabeenya aanaa keessatti argamu irratti odeeffannoo kennuu fi gaaffii deebisuu dabalata ta'uu danda'a.

Maqaan bulchaa kee: ______________________.

kana irratti isaan argachuu dandesssu: ______________________.

## MISEENSOOTA GAREE BIROO

Fedhii daa'ima keessanii irratti hundaa'uun garee keessan keessatti namoota biroo qabaachuu dandeessu. Isaan kun namoota akka ogeessa gargaarsa amalaa, ogeessa gargaarsa namoota gurri isaanii hin dhageenyee fi dhaga'uu dadhabuu, ykn kanneen biroo of keessatti qabachuu danda'u.

______________________ kee: ______________________.

kana irratti isaan argachuu dandesssu: ______________________.

______________________ kee: ______________________.

kana irratti isaan argachuu dandesssu: ______________________.

______________________ kee: ______________________.

kana irratti isaan argachuu dandesssu: ______________________.

______________________ kee: ______________________.

kana irratti isaan argachuu dandesssu: ______________________.